



Caasaa Maayiiwwan Maqaa Afaan Oromoo Looga Arsii

Daaluu Aabbunii^{1*}, Tashoomaa Balaaynaa^{2*}, Filee Jaalataa^{3*}

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsitiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<i>Barruun kun caasaa maayiiwwan maqaalee Afaan Oromoo (looga Arsii) xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Hanga ammaatti, qorannoowwan looga Oromoo Arsii irratti gaggeeffaman, keessumattuu maayiiwwan maqaalee irratti kanneen xiyyeeffatan baay'ee muraasa. Kanuma bu'uureffachuudhaan loogicha keessatti unkaalee maayii maqaafi akaakuu maqaalee latiilee maayiiwwanii fudhatan adda baasuuf xiinxalli gaggeeffamee jira. Kaayyolee kanneen galmaan gahuudhaaf ragaaleen qorannichaa kitaaba "Seera Fuudhaa-Heeruma Oromoo Arsi'ii (2000) jedhamuufi qoraticha irraa funaanamaniiru. Maddi ragaalee mala iddatteessuu akkayyootiin filatamanii jiru. Qorannoon kun saxaxa ibsaatiin kan dhiyaate yemmuu ta'u, ragaaleen akkaataa walfakkeenya isaaniitiin mata-duree xixiqqoo jalatti qindaa'anii mala akkamtaatiin ibsamanii jiru. Ragaaleen xiinxalaman akka agarsiisanitti loogicha keessatti maqaaleen maayiiwwan garaagaraa ni fudhatu. Isaanis matima, antima, abbummaa, fayyadamummaa, meeshaa, waamsa, yeroo raawwii bakkadha. Afaanicha keessatti maqaaleen nama dhuunfaa dubbachiiftuu gabaabaadhaan xumuraman maayii matimaafi antimaa agarsiisuuf wal duraaduubaan latii dhokataa(Ø) fi {-n} fudhatu. Abbummaafi fayyadamummaan -(')TT(hudhaafi dubbachiiftuu dheeraa) dabalachuun agarsiifamu. Gaalee maqaa maayii abbummaa maxxanfate irratti fufiin maayii fayyadamummaa {-tii}dha. Maayiin bakka gahumsaa {-n}, gara....-TTfi Ødha. Dabalataan, maayiiwwan meeshaafi bakkaa qunnamsiiftota -(M)TTfi -'T(T) maxxanfatu. Walumaagalatti, loogicha keessatti latiileen maayiiwwanii maqaalee akkamii irratti bifa kamiin galuu akka danda'an xiinxalanii adda baasuun guddina xiinqooqa Oromootiif, akkasumas qorannoowwan caasaa dhamjechootaa afaanota birootiin walbira qabuutiif faayidaa waan qabuuf, loogawwan Afaan Oromoo biroo keessattis osoo sirritti qoratamee gaarii ta'a.</i>	Article History: Received: 17-11-2024 Revised: 15-01-2025 Accepted: 22-04-2025 Jechoota Ijoo: fufii, latii, Looga Arsii, maayii maqaa, tajaajila *Qorataa Muummee: Daaluu Aabbunii E-mail: daluabuni@gmail.com

:

Daaluu A. fi Kb

1. Seensa

Guddina afaan tokkootiif qorannoon caasaa ijaarama jechootaa iddoo guddaa qaba. Sababni isaas, caasaan afaaniitiifi hiikni inni hawaasa keessatti bakka bu’u hidhata kallattaawaa ta’e qabu. Caasaa hormaata maqaalee xiinxaluun, latiilee maqaalee faana ijaaraman adda baasuu irra darbee garee jechootaa maqaalee jalatti hammataman adda baasuudhaaf gahee olaanaa qaba. Lieber (2009) afaan tokko keessatti qorannoon latiilee jecha dura ture irraa jecha hiika haaraa qabu uumuufi unkaalee jechi tokko galumsa himaa keessatti fudhatu beekuudhaaf akka tajaajilu ibsee jira.

Afaanota keessatti latiilee jechoota garee maqaa horsiisuun beekaman keessaa tokko maayii maqaati. Maayiin maqaa latii hariiroo maqaan caasaa himaa keessatti maqaa biraa waliin, durduubee waliin, akkasumas gochima waliin qabu kan agarsiisuudha (Blake, 2004, f. 1; Fromkin, Rodman & Hyams, 2011, f. 92). Kana malees, Shopen (2007, f. 82) akka ibsutti, maayiin maqaa latii irkataa jechoota garee maqaa irratti maxxanee galuudhaan tajaajila maqaa agarsiisu ta’uu isaatiin jechoota durduubee irraa adda ta’a (Shopen, 2007, 82). Akka yaada armaan olii irraa hubatamutti, maayiin maqaa latii tajaajila hariiroo maqaan tokko hima keessatti jechoota biraa waliin qabu agarsiisuudha.

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

Qorannoowwan yeroo dhiyoo caasaa Afaan Oromoo irratti gaggeeffaman keessaa maayiiwwan maqaalee gad fageenyaan kanneen ibsan Teferi (2019) fi Wakweya (2014) dha. Caasaa afaanii ilaalchisee kanneen looga Oromoo Arsii irratti xiyyeeffatanii qorannoo gaggeessan Banti (1988), Kedir (2019) fi Tilahun (2018) dha. Tilahun (2018, f. 156-158) loogicha keessatti fufiilee maayii bakka ka’umsaa {-dhaa} (Finfinneedhaa), maayii fayyadamummaa {-dhaa, -dhaaf, -f} (sareedhaa(f), barsiisaaf) fi maayii meeshaa {-n} (uleen) ta’uu addeessee jira. Kana malees, Kedir (2019) latiilee maayiiwwan maqaa looga Arsii fi Baalee keessatti unkaalee maayiiwwan meeshaa, abbummaafi fayyadamummaa walduraaduubaan {-dhaan}, {kan...a} fi {-f} ta’uu addeessee jira.

Haata’u malee, fufiileen maayiiwwan maqaa qorannoowwan lamaan armaan olii keessatti hammachiifaman caasaa looga Oromoo Arsii keessatti seerluga sirrii hin taanee (ungrammatical) dha. Tarii, sababiin qorattoonni lamaan (Kedir, 2019; Tilahun, 2018) armaan olii kunniin caasaa hormaata maqaalee looga biraa hammachiisuu danda’aniif, naannoo dubbattoota looga Arsii (Sikkoo-Mandoo) hawaasni Oromoo looga Tuulamaa dubbatu waan jiraatuuf ta’uu mala. Dabalataan, xiyyeeffannoon qorannoowwan Banti (1988) fi (Tilahun, 2018) ol ka’iinsa birsagootaa (stressed syllable) xiinxaluu irratti kan

:

Daaluu A. fi Kb

fuulleffatan waan ta'aniif, caasaan maayiiwwan maqaalee gad fageenyaan qaacceffamee hin jiru.

Gama biraatiin, Banti (1988, f. 26-37) qorannoo isaa keessatti seerluga jechoota Afaan Oromoo (looga Arsii) fi Afaan Somaalee wal bira qabee xiinxaluu keessatti unkaalee maayii maqaa muraasa adda baasee jira. Kanaaf, qorannoon kun loogawwan Afaan Oromoo jiran keessaa looga Arsii irratti xiyyeeffatee jira. Haaluma kanaan, kaayyoleen qorannoo kanaa Afaan Oromoo (looga Arsii) keessatti unkaaleen maayii maqaa agarsiisan maal maal akka ta'an, fufiileen maayiiwwanii maqaalee akkamii faana akka galaniifi maqaalee latiilee maayiiwwanii unkaafi hiikaan fayyadaman qaaccuudha.

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

2. Sakatta'a Barruuwwanii

Qorannoowwan hanga ammaatti seerluga Afaan Oromoo irratti hojjataman keessaa Teferi (2019) looga Raayyaa irratti xiyyeeffachuudhaan maayiiwwan maqaalee akaakuu adda addaa (matima, meeshaa, abbummaa, fayyadamummaa, bakkaafi waamsaa) barruu isaa digirii sadaffaa keessatti hanga tokko qorannoowwan biroo caalaa ibsee jira. Banti (1988) fi Tilahun (2018) toonii jechoota looga Arsii xiinxaluu keessatti unkaalee maayiiwwan maqaalee hanga tokko ibsanii jiru. Gabateen armaan gadii unka fufiilee maayii maqaalee Afaan Oromoo qorattoota adda addaatiin ibsaman hammatee jira.

Gabatee 1 Unkaalee maayiiwwan maqaalee Afaan Oromoo Qorattootaan Ibsaman

Barreessaa	Looga	Mtml	Msh	Abb	Fydm	BkKa	BkGa	BkArg	Wms ²
Banti (1988, f. 26-37)	Arsii	n, -ni, -ti, -i, Ø	---	-(')TT ¹	-(')TT, -tii	---	---	---	---
Gragg (1976, f. 183-184)	Macca	-n(i)	-dhaa(n)	-TT, -tii	-TT + -f -dhaa(f)	-dhaa, (i)rraa	(i)tti	--	--
Kedir (2019, f. 663-670)	Arsii	-n, ni, i, Ø	-an, -iin, -n/-dhaan	kan, --TT	-a, -af, -f	--	--	--	--
Owens (1985, f. 100-117)	Harargee	-n, -ii, -tii, Ø	-n, tii + -n	-TT	-aa/-f	-aa	-tti	-tti	--
Teferi (2019, f. 83-92)	Raayyaa	-n, -t, Ø	-n	kan, -a	-f	-rraa, -a	-tti, -rra,	--	-na, -oo
Tilahun (2018, f. 153-158)	Arsii	-n ² , -ni, -i, Ø	-n, -an, -in	-TT	-TT + -f, -dhaa(f), -tti, Ø	-TT, -dhaa, -tii	--	-tti	--
Stroomer (1995, f. 91-110)	Boorana	-ni, -ii, -tii	-ni	-TT	-fi	--	-TT	--	-oo, -ee
Wakweya (2014, f. 26-35)	Macca	n, -ni, -i, Ø.	-n	kan, --TT	-tti, -f	-TT, -dhaa, -tii,		-tti,	-na, -yaa

¹ -(')TT = (hudhaa) dubbachiiftuu-dubbachiiftuu

² Mtml = matima mul'istuu, Msh = meeshaa, Abb = abbummaa, Fydm = fayyadamummaa, BkKa = bakka ka'umsaa, BkGa = bakka gahumsaa, BkArg = bakka argamaa, Wms = waamsa

:

Daaluu A. fi Kb

Akka Gabatee armaan olii irraa hubatamutti, latiileen maayii maqaa loogawwan afaanichaa adda addaa keessatti garaagarummaa unkaalee muraasa calaqqisiisanii jiru. Akka qorannoowwan hedduun mul'isanitti afaanicha keessatti latiin maayii meeshaa {-n} dha. Teferi (2019, f. 83-84) immoo unkaaleen maayii matimaa {-n}, {-t-} fi Ø ta'uu adda baasee jira. Akka Teferi (2019, f. 83) ibsutti, maqaaleen dubbifamaa lamaan xumuraman maayii matimaa {-n} erga maxxanfatanii booda adeemsa haquufi saaguutiin gara caasaa gubbaatti (*surface structure*) (fkn. *harka + ni → hark-ni → harkni → harki*) jijjiiraman.

Stroomer (1995, f. 91) fi Gragg (1976, f. 183) {-t(i)} maqaalee sagalee gabaabaadhaan xumuramaniifi kanneen koorniyaa naayeedhaan waamaman irratti kan galu (fkn. *haadha → haati*) ta'uu addeessanii jiru. Teferi (2019, f. 85) immoo unki fufichaa {-t-} ta'uu ibsuudhaan koorniyaa lamaanuu irratti maayii matimaatiif kan tajaajilu ta'uu ifoomsee jira. Teferi (2019) dabalataan, maqaaleen fufii xiyyeeffannoo {-uma} maxxanfatan hundinuu maayii matimaa {-t-} kan fudhatan (fkn. *mukuma → mukumti*) ta'uu addeessee jira. Haata'uu malee, Wakweya (2014, f. 27-28) {-ti}n fufii maayii matimaa osoo hin taane, adeemsa firoommiitiin kan argame ta'uu (*bofni → bofti*) ibsee jira.

Haa ta'uu malee, fufiin (-i) iddoo hundattuu saagummaaf gale jedhanii dimshaashessuun yaada dogoggoraatti geessuu mala. Fakkeenyaaf Banti (1988, f. 47) hundeewwan gochimaa dubbifamaa jabaafi irra-butaadhaan xumuraman yemmuu fufii dubbifamaan eegalu

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

maxxanfatan saagduu {-i} gidduutti galfatu malee, maqaalee akka 'arbi, 'addiifi harki jedhaman irratti maayii matimaatiif kan dhaabbatu ta'uu ibsee jira. Kana malees, Kedir (2019) fi Tilahun (2018) fufiilee maayii maqaa looga Arsii keessatti bifa adda addaatiin ibsanii jiru.

Hojiilee qorattoota kanneenii keessatti latiileen maayiiwwan bakkaa agarsiisan bal'inaan hin ibsamne. Haata'uu malee, qorattoonni muraasni (Teferi, 2019; Wakweya, 2014) unkaalee maayiiwwan bakkaafi maayiiwwan waamsaa irratti fakkeenyawwaniifi ibsa gabaabaa kaa'anii jiru. Teferi (2019, f. 153-158) fi Wakweya (2014, f. 32) akka ibsanitti, latiin maayii bakka ka'umsaa agarsiisu gosa saditu jira. Isaanis, (1) maqaa dubbachiiftuu gabaabaadhaan xumuramu dheeressuudhaan, (2) maqaa dubbachiistuu sagalee dheeraa |-aa| dhaan xumuramu irratti fufii {-dhaa} dabalachuu, akkasumas maqaa sagalee dheeraa |-ii| dhaan xumuramu irratti {-tii} dabaluufi (3) maqaan dubbifamaadhaan xumuramu sagalee dubbachiistuu {-ii} dabalachuudhaan maayii bakka ka'umsaa kan agarsiisu akka ta'e (*Shanan → Shananii*) dabalataan ibsanii jiru.

Qorannoowwan afaanichaa looga Arsii irratti xiyyeeffatan keessaa Banti (1988) fufii {-ti} maayii matimaa ta'uu yemmuu ibsu, Kedir (2019) fi Tilahun (2018) immoo fuficha maayii matimaa keessaa hambisanii jiru. Banti (1988,

:

Daaluu A. fi Kb

f. 47) yaada Gragg (1976, f. 183) faana bu'uudhaan unkichi maqaalee koorniyaa naayeetiin ibsaman qofa irratti kan tajaajilu ta'uu goolabee jira. Unkaaleen maayiiwwan abbummaa, fayyadamummaa, bakka ka'umsaafi meeshaa qorannoowwan Kedir (2019) fi Tilahun (2018) keessatti dhiyaatan loogicha keessatti hin tajaajilaman. Dabalataanis, unkaaleen maayii matimaafi antimaa maqaalee nama dhuunfa, maayii waamsaafi maayiiwwan bakkaa agarsiisan akkaataa galumsa isaanii waliin xiinxalamanii hin jiran. Xiyyeeffannoon qorannoo Banti (1988) fi Tilahun (2018) toonii birsagoota afaanichaa irratti waan ta'eef, unkaalee maayiiwwan maqaa gad fageenyaan hin qaaccessine.

Xiinxala ammaa kana keessatti, looga Oromoo Arsii keessatti unkaaleen maayiiwwanii akaakuufi iddoo galumsa maqaalee irratti hundaa'uudhaan haala kamiin akka mul'atan qaacceffamee jira. Kana malees, amaloonni maayiiwwan maqaa kunniin caasima keessatti calaqqisiisan gadfageenyaan ibsamee jira.

Qorannoon kun yaaxxinoota xiinqooqaa keessaa yaaxxina xiinqooqaa bu'uuraawaa (Basic Linguistics Theory) dhimma bahee jira. Akka yaaxxina kanaatti seerri caasaa afaanii ragaalee akkaataa hawaasni tokko jechoota adda addaa jireenya guyyuu keessatti itti sagaleessuufi himoota yeroo ragaaleen

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

funaanaman akka fakkeenyaatti fudhataman irratti hundaa'uudhaan kan bocamuu dha (Dixon, 2010). Yaaxxinichi qorannoon caasaa afaanii haala qabatamaa afaan qoratamu sanaatiin (dhiibbaa seera afaanota biraa malee) ibsamuu isaatiin adda ta'a (Dryer, 2006). Kanaaf, qorannoo kana keessatti caasaan maayii maqaalee Afaan Oromoo ragaalee afaanichaa daangaa looga filatamee keessatti argaman irratti hundaa'uudhaan qaacceffamee jira.

3. Malleen Qorannichaa

Ragaalee qorannichaa walitti qabuudhaaf madda ragaalee lamatu mala akkayyootiin filatamee dhimma bahamee jira. Isaanis, kitaaba mata-duree '*Seera Fuudhaa-Heeruma Oromoo Arsii'ii*' (Huseen, 2000) jedhamuufi qoraticha qorannoo kanaati. Qoratichi hawaasa looga Arsii dubbatu keessatti kan dhalatee guddate waan ta'eef, madda ragaalee qorannichaa keessatti qooda fudhatee jira.

Kitaabichi qabiyyee aadaa hawaasichaa kanneen akka fuudhaafi heeruma, afoolaafi meeshaalee sirna fuudhaafi heerumaa dabaalan, aadaa soddoomaafi woyyoomaa, akkasumas sirna fixata gumaa fa'a kan hammateedha. Kana malees, akkuma barreessichi seensa kitaabichaa keessatti ibse, jechoonni aadaan hawaasichaa ittiin ibsaman guutumatti looga Arsii irratti kan xiyyeeffate waan ta'eefi. Kanaaf, kitaabichi jechoota xabboo (jechoota aslii) aadaa

:

Daaluu A. fi Kb

hawaasichaa keessatti tajaajilaman waan hammatuuf, ragaalee looga hawaasichaa bakka bu'an maddisiisuu keessatti gahee olaanaa qaba jedhamee itti amanamee jira.

Ragaaleen qorannichaa qubeewwan afaanichi barreeffamoota kamiiniyyuu keessatti tajaajilamuun barreeffamuun qaaceffamanii jiru. Kanaaf, sagaleeleen dubbifamtootaa (qubee dachaafi hudhaa dabalatee) yemmuu jabaatan lama ta'anii barreeffauudhaan tajaajilamanii jiru. Kana malees, seera caasaa keessoo (*deep structure*) afaanichaatiin jechoonni dubbachiiftuudhaan eegalan waan hin jirreef (Teferi, 2019; Tesfaye, 2015; Tilahun, 2018), jechoonni dubbachiiftotaan eegalaman hundinuu |'| (hudhaa)dhaan dursiifamanii barreeffamanii jiru. Qorannicha keessatti amaloota irsagaa (*suprasegmental*) dhamsagootaan hin ibsamne adda baasuuf unkaan ol ka'iinsa dhissagaa mul'isu (˘) tajaajilamee jira.

4. Qaaccessaafi Bu'aa Qorannichaa

Mata-duree kana jalatti unkaaleen maayii maqaa Afaan Oromoo (looga Arsii) agarsiisan akkaataa walfakkeenya tajaajila isaaniitiin qindeeffamanii qaaceffamanii jiru. Akka ragaaleen qorannichaa agarsiisanitti looga Oromoo Arsii keessatti maqaan latiilee maayiiwwan matimaa, antimaa, abbummaa, fayyadamummaa, meeshaa, waamsaa, bakkaafi yeroo raawwii kanneen jedhaman ni fudhata.

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

Isaanis, haala itti aanuun tokko tokkoon qaaceffamanii jiru.

4.1. Maayii Matimaa

Matimul'istuun latiilee maqaa irratti galuudhaan tajaajila caaslugaa kennan keessaa isa tokko. Dhimma unkaalee maqaalee irratti matima agarsiisuuf oolanii irratti hanga ammaatti yaadota walfalmisiisootu jiru. Akka ragaaleen mul'isanitti unkaleen Afaan Oromoo looga Arsii keessatti matimummaa agarsiisan $\{-n\}$, $\{-ni\}$, $\{-ti\}$, $\{-i\}$ fi $\emptyset$ yemmuu ta'an, adda addummaan unkaalee matimul'istoota kanniinii amala birsagootaafi dhamsagoota xumura maqaalee matimooman irratti argamanii irratti hundaa'a. Isaan keessaa matimul'istuun maqaa dhuunfaa irratti unkaadhaan mul'achuu danda'u $\{-n\}$ qofa.

Loogni Oromoo Arsii maqaalee nama dhuunfaa dubbachiiftota sagaleelee gaggabaaboo yookaan unka birsagaa dubbifamaa-dubbachiiftuu (-MT) qabaniin xumuraman hedduu qabaachuudhaan beekama. Loogicha keessatti maqaaleen gosa kanaa fufiilee maayii matimaafi maayii antimaa bifa adda ta'een fayyadamu. Akaakuun maqaaleefi unkaaleen maayii matimaa loogicha keessatti argaman armaan gaditti tokko tokkoon balballomfamanii jiru.

a) $\{-n\}$

:

Daaluu A. fi Kb

Fufiin kun loogicha keessatti yeroo baay'ee xumuraman irratti maayii matimaatiif kan galu yemmuu ta'u, maqaalee nama dhuunfaa ibsitootaan (modifiers) hordofaman irrattis matimummaa ni agarsiisa. Looga Oromoo Arsii keessatti maqaaleen sagalee dheeraadhaan

[1]

Unka Bu'uura

Maayii Matimaa

Fakkeenya

- | | | |
|-------------|-----------|---|
| 1. gärbûu | Gärbûun | Garbuun bitame. |
| 2. gärbûu | gärbûun | Garbuun qulqullun hin jiru. |
| 3. gammädäa | Gammädään | Gammadaan dhufe. |
| 4. gammädäa | Gämmädään | Gammadaan keessan/kuun/ati baantu hin dhufne. |
| 5. gammädö | gammädö | Gammado dhufe. |
| 6. gammädö | Gämmädöon | Gammadoon keessan/kuun/ati baantu hin dhufne. |

Loogicha keessatti maqaaleen nama dhuunfaa maqaalee isaaniin moggoo ta'an irraa adda baafamuudhaaf ibsitoota adda addaa ni dabalatu. Yemmuu kana, haalli unkaalee maayii matimaafi maayii antimaa ni jijjiirama. Haaluma kanaan, maqaan nama dhuunfaa *gammado* jedhamu bifa maqaalee waliinii (common nouns) dubbachiiftuu gabaabaadhaan xumuraman (fkn [2] armaan gadii ilaalaa) irraa adda ta'een fufii {-n} maxxanfatee jira. Gabaticha keessatti maqaaleen *garbuufi gammadaa* jedhaman yemmuu kophaa dhaabbatan maayii matimaa agarsiisuudhaaf birsaga jalqabaa gad bu'aa fayyadamanii jiru. Kana malees, loogicha keessatti maqaan nama

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

xumuraman yemmuu iddoo matimaatti kophaa dhaabbataniifi yemmuu ibsitoota dabalatan iddoo qubannaa dhissaga birsagootaatiin adda adda ta'u (Banti, 1988, f. 27, 31). Fakkeenyawwan armaan gadii akaakuu maqaalee fuficha dabalataniifi haala tajaajila isaa agarsiisa.

dhuunfaa (gammado) maayii matimaa agarsiisuuf yemmuu ibsitoota dabalatu fufii {-n}, yemmuu kophaa dhaabbatu immoo latii dhokataa dhimma bahee jira.

b {-i}

Akka Teferi (2019, f. 83-84) ibsanitti afaanicha keessatti {-i}n hiriira dubbifamtootaa (*consonant clusters*) sirreessuuf malee tajaajila biraa hin qabu. Faallaa kanaan Banti (1988, f. 47) unkichi of danda'ee maayii matimaatiif kan dhaabbatu akka ta'e ibsee jira. Kana malees, adeemsa seera lassaga (morphophonemics) afaanichaa keessatti jechi birsaga salphaa-banaa ta'een xumuramu yemmuu fufii dubbifamaadhaan eegalu maxxanfatu, dursa dubbachiiftuu dhumarra ture dheereffachuu

:

Daaluu A. fi Kb

danda'a (fkn. maayii meeshaa, maayii fayyadamummaa). Akkasumas yemmuu fufii dubbachiiftuudhaan eegalu maxxanfatu dubbachiiftuu dhuma maqaa irra ture of jalaa haqa yookaan akkuma jirutti dhiisa (fkn. *nama* → *namoota*) (Teferi, 2019, f. 58). Fufii {-i}n maqaalee dubbifamtoonni hiriira dhuma irratti argaman sagalee jaba'a yookaan irra-butaafi dubbachiiftuu sagalee gabaabaa qaban ($M_1/M_1-M_2 + T(a)$) irratti tajaajila matimummaa kenna. Fakkeenya kanatti aanu yaadicha kan balballoomsuudha.

[2]

Maqaa	Maayii Matimaa	Maqaa_Horsiifame
<i>harka</i>	{-i}	<i>harki</i>
<i>muchcha</i>	{-i}	<i>muchchi</i>

Akkuma fakkeenyawwan [2] jalatti dhiyaatan irraa hubatamutti, maqaaleen waliinii dubbachiiftuu |a| dhuma hiriiraa irratti fudhataniifi sagalee dubbifamtootaa jaba'a yookaan irra-butaadhaan xumuraman yeroo hundumaa matimul'istuu {-i} maxxanfatu. Haata'u malee, fufiin kun maqaalee nama dhuunfaa bifa kanaan xumuraman irratti hingalu.

c {-ni} fi {-ti}

Latii {-ni}'n maqaalee sagalee dubbachiistuu gabaabaadhaan xumuraman ta'ee, kanneen dubbifamaan dubbachiistuu xumuraa dursee argamu sagalee jabaafi irra-butaas hinqabne

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

irratti galuudhaan tajaajila. Maqaaleen birsaga xumuraa sagalee dubbii (dubbifamtoota) amala kokkummaa qabaniin eegalan (|'(hudhaa) |dh| |q| |x| |c| |ph|) yemmuu {-ni} maxxanfatan, amala adeemsa dhamsagootaa adda addaa calaqqisiisu. Fakkeenyaaf maqaaleen akka *ji'aafi sa'a* jedhaman latii -ni maxxanfachuun dura dubbifamaa |'| haquudhaan dubbachiistuu birsaga jalqabaa |a| isa dura gabaabaa ture ni dheereffatu.

Akkuma seensa mata-duree kanaa jalatti ibsame, maqaaleen hiriira dhuma sagalee dubbifamtootaa irratti amala jabaachuu hinqabneefi sagalee dubbachiiftotaa gabaabaadhaan xumuraman heddumminaan matimul'istuu {-ni} fudhatu. Haata'u malee, akkuma yaada Owens (1985, f. 101) irraa hubatamu, fufiin {-ni} maqaalee dhuunfaa sagalee gabaabaadhaan xumuraman irratti galuu hindanda'u.

Qorattoonni afaanichaa gariin (Hawine, 2007; Wakweya, 2014) afaanichi fufii maayii matimaa {-ti} jedhamu kan hin qabne ta'uu yemmuu ibsan, qorattoonni biroo (Banti (1988, f. 37) fi Gragg (1976, f. 183) immoo fufichi maqaalee koorniyaadhaan naayee ta'an irratti matimummaa agarsiisuuf kan oolu ta'uu xiinxalanii jiru. Gama biraatiin, yaadni fufichi maqaalee koorniyaa lamaaniitiifiyyuu (Teferi, 2019, f. 85) kan tajaajilu ta'uu xiinxalamee jira.

Kedir (2019) fi Tilahun (2108, f. 153) qorannoo isaanii loogicharratti xiyyeeffate keessatti fufii

:

Daaluu A. fi Kb

maayii matimaa {-ti} hin hammachiifne. Afaan Oromoo (looga Arsii) keessatti {-ti}n maqaalee koorniyaadhaan kormaafi naayee ta'an irratti galuu ni danda'a. Fufiin kun akkuma fufii {-ni} maqaalee dhuma irraa dubbifamaa jabaa (fkn. *hidda*) yookaan irra-butaa (fkn. *harka*) hin qabneefi dubbachiiftuu gabaabaadhaan xumuraman irratti maxxanee tajaajila. Kana malees, loogicha keessatti maayiin matimaa kun (-ti) gosa dubbifamtoota birsaga

Gabatee 2. Matimul'istoota {-ni} fi {-ti} Maqaalee Unkaafi Garee Adda Addaa Irratti

Maqaalee	Gosa Maqaa	{-ni}	MHorsiifame	{-ti}	MHorsiifame
lafa	MH ³	X	*lafni ⁵	√	lafti
kufa	MU ⁴	√	Kufni	√	kufti
hangafa	MH	√	Hangafni	X	*Hangafti
gulufa	MU	√	Gulufni	√	*gulufti
qandhafa	MU	√	Qandhafni	X	*qandhafti
gosa	MH	√	Gosni	√	gosti
dhama	MH	√	Dhamni	√	dhamti
faana	MH	√	Faanni	√	faanti
Boona	MU	√	Boonni	X	*boonti
luka	MH	√	lukni (lunni)	√	lukti (lutti)
Baala	MH	√	Baalli	X	*baalti
Dhaala	MU	√	Dhaalli	√	dhaalti
Dhuma	MU	√	Dhumni	√	dhumti
hudhama	MU	√	Hudhamni	X	*hudhamti
dhiira	MH	√	dhiirni (diirri)	√	dhiirti
Nyaara	MH	√	Nyaarri	X	*nyaarti
ji'a	MH	√	ji'ni (jiini)	X	*ji'ti (*jiiti)
du'a	MU	X	*duuni	√	du'ti (duuti)
jiidha	MU	√	jiidhni (jiini)	X	*jiidhti (*jiiti)
Haadha	MH	√	haadhni (haani)	√	haadhti (haati)
cidha	MH	√	cidhni (ciini)	X	*cidhti (*ciiti)
boo'a	MU	X	*boonni	√	boo'ti (bootti)

Akkuma gabatee armaan olii keessatti agarsiifame fufiin {-ti} maqaalee koorniyya kormaafi naayeedhaan ibsaman irratti ni gala. Fufichi yeroo baay'ee maqaalee haadhoofi maqaalee uumamtee birsag-lamee (disyllable) ta'anii unka birsagaa *MTMT* (dubbifamaa-

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

dhumaa irratti argamaniifi baay'ina birsagootaa, akkasumas akaakuu maqaalee irratti hundaa'uun maqaalee irratti gala.

Dabalataan, maqaalee tokko tokko keessatti iddoo fufii {-ni} bu'uudhaan akka filannootti tajaajilama. Gabateen 2 armaan gadii haala itti fayyadama fufiileen {-ni} fi {-ti} maqaalee adda addaa keessatti qaban kan agarsiisuudha.

³ MH = Maqaa Haadhoo: Maqaa Haadhoo jechuun maqaa bu'uuraa, kan maxxantuu hin qabne.

⁴ MU = Maqaa Uumamtee: jechuun maqaa fufii yaasaatiin (maqeessituu) dabalatee uumameedha.

:

Daaluu A. fi Kb

qaban yeroo baay'ee matimul'istuu {-ni} gargaaramu (fkn. *hangafa, qandhafa, gulufa*).

Kana malees, maqaaleen uumamtee (maqaaleen bu'aa gochaa) - 'a dhaan xumuraman (fkn. *du'a, bu'a, dha'a(dhaha)* fi *boo'a*) fuficha kan fayyadaman yemmuu ta'an, maqaaleen birsaga -*dha* dhumarraa qaban tokko tokkos (fkn. *haadha, fuudha*) unkicha ni tajaajilamu. Haata'u malee, maqaaleen -'a dhaan xumuraman (fkn. *ji'aafi sa'a*) sababa maqaalee haadhoo (maqaalee bu'uura) jalatti hammatamaniif fufii {-ti} hin dabalanne. Dabalataan, akkuma gabaticha keessatti kaayame loogicha keessatti maqaaleen birsaga -*sa, -ra, -ka, -na, -saafi -ma* dhaan xumuraman tokko tokko fufii matimaa {-ti} kan fudhatan yemmuu ta'u, maqaaleen fufii {-ti} hin maxxanfannes ni jiru (*nama* → **namti, maala* → **maalti, hudhama* → **hudhamti*). Dabalataan, akkuma gabaticha keessatti kaayame loogicha keessatti maqaaleen birsaga -*sa, -ra, -ka, -na, -saafi -ma* dhaan xumuraman tokko tokko fufii matimaa {-ti} kan fudhatan yemmuu ta'u, maqaaleen fufii {-ti} hin maxxanfannes ni jiru (*nama* → **namti, maala* → **maalti, hudhama* → **hudhamti*). Gabaabumatti, looga Oromoo Arsii keessatti maqaaleen dubbachiiftuu sagalee gabaabaa (MT) qabuun xumuraman fufiilee maayii matimaa {-ni} fi {-ti} waljijjiiruudhaan kanneen

[3]

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

fayyadamaniifi kanneen {-ni} yookaan {-ti} qofa fayyadamuu danda'aniidha. Kanaaf, adda addummaa itti fayyadama fufiilee {-ni} fi {-ti} murteessuuf akaakuun dubbifamaafi unkaleen birsagaa dhuma maqaalee irratti argamaniifi haalli uumama maqaalee gahee mataa isaanii taphatanii jiru.

d) Maayii Matimaa Dhokataa (Ø)

Akka qorattoonni afaanichaa baay'een ibsanitti, maqaaleen (maqaaleen waliinii) matimul'istuu dhokataa fayyadaman kanneen dubbifamaa |n|dhaan xumuramaniidha. Haata'u malee, Owens (1985, f. 101) maqaan nama dhuunfaa dubbachiiftuu sagalee gabaabaadhaan xumuramu maayii matimaatiif latii dhokataa akka fayyadamu addeessee jira. Loogicha keessatti maqaaleen waliinii dubbifamaadhaan xumuramaniifi maqaaleen dhuunfaa dubbachiiftuu gabaabaadhaan xumuraman maayii matimaa bifa dhokataa ta'een of keessatti hammatanii jiru.

Maqaaleen dhuunfaa dubbachiiftota sagalee gabaabaa qabaniin xumuraman sagalee san kan dheereffatan, yemmuu latiilee maayiiwwan antimaa, abbummaa, fayyadamummaafi meeshaa maxxanfatan qofa. Fakkeenya armaan gadii akaakuu maqaalee maayii matimaa unkaadhaan hin maxxanfanne hammatee jira.

:

Daaluu A. fi Kb

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

Maqaa Walii

Matima

Fakkeenya

Maqaa Dhuunfaa

Matima Fakkeenya

bishaan

Ø

Bishaan kuufame.

galato

Ø

Galato dhufe.

Akkuma fakkeenya 3 keessatti mul'atu maqaaleen maayii matimaa bifa latii dhokataatiin fayyadaman maqaalee dubbifamaadhaan xumuramaniifi maqaalee dhuunfaa dubbachiiftuu sagalee gabaabaadhaan xumuramuudha. Gabaticha keessatti maqaan *bishaan* jedhamu dubbifamaadhaan waan xumuramuuf, maayii matimaa bifa latii dhokataatiin hammatee jira. Maqicha keessatti maayiin matimaa dhokataadha. Kana malees, loogicha keessatti maqaan nama dhuunfaa *galato* jedhamu iddoo matimaa yemmuu galu fufii waan hin maxxanfanneef, dubbachiistuu gabaabaadhaan waan xumurameef, latii matima agarsiisu bifa dhokataa ta'een dhimma bahee jira.

Afaanicha keessatti maqibsitoonni dubbachiiftuu sagalee dheeraafi gabaabaadhaan xumuraman yemmuu maqaalee booda galan, akkuma maqaalee walduraa duubaan fufiilee {-n} fi {-ni} ni maxxanfatu. Fakkeenyawwan armaan gadii yaada kana ni ifoomsu.

[4]

Unka Bu'uuraa

Maayii Matimaa

hoolaa 'adii

haalaan 'adiin

sangaa magaala

sangaan magaalni (magaalni)

4.2. Maayii Antimaa

Dixon, (2010, f. 9) maayii antimaa yemmuu hiiku, “*The label ‘accusative’ is typically used for an affix marking that a noun phrase (NP) is in direct object (O) function*” jedha. Kana jechuun, maxxantuun tajaajila antimaa agarsiisuuf oolu maqaa yookaan gaalee maqaa tajaajila antima kallattiitiif dhaabbatu irratti gala. Waa'ee latii maayii antimaa Afaan Oromoo irratti yaadota wal mormaa ta'antu mul'ata. Al Solami (2021, f. 116) maqaalee dubbachiiftuu gabaabaadhaan xumuran (fkn. *mana*) irratti dubbachiiftuun dhumarra jiru maxxantuu maayii antimaa yemmu ta'u, maqaalee akka 'ililliifi *barsiisaa* jedhaman keessaatti immoo dheerinni dubbachiiftota birsaga xumuraa maayii antimaa kan agarsiisu ta'uu ibsuudhaan unki bu'uuraa (absolutive form) jechoota kanniinii *man-*, 'ililliifi *barsiisa* kanneen jedhaman ta'uu ibsee jira. Haaa'u malee, akka qorattoonni Afaan Oromoo hedduun (Hawine, 2007, f. 50-51; Teferi, 2019, f. 85; Wakweya, 2014, f. 28) jedhanitti, afaanicha keessatti maqaaleen fufii maayii antima kallattii (accusative case) hin maxxanfatan.

Waldhabbiwwan yaadaa ibsoota armaan olii ragaalee qabatamoo afaanicha keessatti

:

Daaluu A. fi Kb

argaman irratti hundaa’uu dhabuu agarsiisa. Akkuma (Wakweya, 2014, f. 28) ibsutti, afaanicha keessatti maqaaleen haadhoon fufii yaasaa osoo hin fudhatin durumaan afaanicha keessa jiran (fkn. *kitaaba, sareefi ’ilillii*) iddoo antima kallattiitti unka bu’uuraa (absolute case) tiin waan taa’aniif, maxxantu-maleeyyiidha. Sababiin isaa, afaanichi bu’uurumaan maqaalee dubbachiiftota sagalee gabaabaafi dheeraadhaan xumuraman ni qaba. Kana malees, akkuma qorattoonni adda addaa (Shimelis, 2014, f. 189; Teferi, 2019, f. 94) addeessan afaanicha keessatti fufiin {-aa} maqaalee abgochaa dhumarratti argamu akkuma jirutti maqeessituu maqaa abgochaati malee addaan hin qoodamu. Dabalataanis, Teferi (2019, f. 69) unkaleen bu’uuraa maqaalee *saroota, fardootaafi hoolota* jedhamanii *saree, fardaafi hoolaa* akka ta’e addeessee jira.

Gragg (1976, f. 179) bamaqaan iyyaafannoo *’eenynyu* jedhamu maayii antimaa {-n} kan maxxanfatu ta’uu (*’eenynyuu*) adda baasee jira. Kana malees, Wakweya (2014, f. 28-29)

[5]

Unka Bu’uuraa
gammaddo

siifan⁵

Antima
gammaddoon
gammaddo
siifaniin
siifani

Fakkeenya

Gammadaan Gammadoon waame.
Ati Gammadoo keessan/kaan/inni saalfatu hin diqqeessin!
Namichi Siifaniin waame.
Namichi Siifanii teessan/taan jaalate.

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

maqaaleen dubbifamaadhaan xumuraman (fkn. *Galaan*) iddoo antima kallattii yemmuu galan, fufii maayii antimaa kan maxxanfachuun malan ta’uu addeessuudhaan yaada isaa xiinxala dabalataatiif banaa taasisee jira. Asirratti, jechoota *’eenynyuu* fi *Galaan* jedhaman jechoota garee maqaa fufii maayii matimaa hin maxxanfanne waliin yemmuu wal bira qabamu, lamaan isaaniituu maqaalee dhuunfaatiif kan oolaniidha.

Looga Oromoo Arsii keessatti maqaaleen (gaaleewwan maqaa) maayii antimaa maqaalee waliiniifi maqaalee dhuunfaa dubbachiiftuu dheeraadhaan xumuraman irratti bifa latii dhokataatiin fayyadamu Haata’u malee, maqaaleen dhuunfaa dubbachiiftuu gabaabaadhaan xumuraman fufii maayii antimaa {-n} maxxanfatu. Loogichi bifa loogawwan Oromoo biraa irraa adda ta’een maqaalee nama dhuunfaa dubbachiiftota gabaabaadhaan xumuraman hedduu qabaachuun ni beekama. Fakkeenyawwan kanatti aanan yaada kana balballoomsa.

⁵Maqaan nama dhuunfaa dubbifamaadhaan xumuramu (Siifan) aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa miti.

:

Daaluu A. fi Kb

Loogicha keessatti maqaaleen nama dhuunfaa kophaa dhaabataniifi ibsitoota dabalatan iddoo antimaa yemmuu galan, akkuma yemmuu iddoo matimaa galanii adda addummaa qabu. Haaluma kanaan maqaaleen *gammadoofi siifan* jedhaman iddoo antimaatti yemmuu kophaa dhaabatan fufii {-n} maxxanfatanii jiru. Kana malees, maqaaleen kunniin yemmuu iddoo antimaatti ibsitoota miilteffatan, dubbachiiftota sagalee dheeraa {-oo} fi {-ii} walduraa duubaan maxxanfachuudhaan maayii antimaa agarsiisaniiru. Karaa biraatiin, loogicha keessatti maqaaleen nama dhuunfaa maayii antimaa irratti yemmuu ibsitoota fudhatan bifa unka bu'uuraa irraa adda ta'een birsaga jalqabaa irratti dhissaga ol ka'aa fudhatu. Kana jechuun, fufiileen maayii antimaa agarsiisan {-oo} fi {-ii} dhissaga gad bu'aa (^) fudhatanii jiru.

4.3. Maayiiwwan Abbummaafi Fayyadamummaa

Kedir (2019, f. 669) looga Arsiifi Baalee keessatti maayiin abbummaa {kan...a} ta'uu maqaalee akka *nama*, *lafaafi gaala* jedhaman fakkeenya fudhachuudhaan ibsee jira. Kana malees, maayiin fayyadamummaa maqaa *farda* jedhamu irratti *fardaa/fardaaf*; maqaa nama dhuunfaa *tola* jedhamu irratti immoo fufii {-f} yookaan Ø kan fayyadamu ta'uu ibsee jira. Haata'u malee, akka ragaaleen Afaan Oromoo looga Arsii agarsiisanitti maayiin abbummaafi fayyadamummaa bifa kana irraa adda (Gabatee

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

6. armaan gadii ilaalaa). Loogni Oromoo Arsii iddoo jecha *kan* (Gragg, 1976, f. 191) jedhamuu jecha *ka* jedhamu kan dhimma bahu yoo ta'u, innis tajaajila bamaqummaatiif dhaabbata.

Maayiiwwan abbummaafi fayyadamummaa maqaalee dubbachiiftota gabaabaadhaan xumuraman dubbachiistuu dhumarra jiru dheeressuudhaan, akkasumas maqaalee dubbachiistota sagalee dheeraadhaan xumuraman irratti sagalee kokkee (') fi sagalee dubbachiistuu isa dhumarra ture dheeraa dabalachuudhaan agarsiifamu. Haata'u malee, Tilahun (2018, f. 156) haala Banti (1988, f. 36) irraa adda ta'een loogicha keessatti maqaan *mucaa* jedhamu ol ka'iinsa dhissagaa qofa dabaluudhaan maayii abbummaa kan agarsiisu ta'uu kaayee jira. Maqaaleen dubbachiiftota sagalee dheeraadhaan xumuraman qaban yemmuu latii {-aa} dabalatan, dubbachiiftuu dura sagalee dheeraa qabu sana ni gabaabsatu (*sangaa* → *sanga-aa*).

Maqaaleen dubbifamaadhaan xumuraman latii maayii abbummaafi fayyadamummaa agarsiisuuf oolu {-ii} dhumarratti maxxanfatu. Maayiin fayyadamummaa maqaalee lama yookaan sadi akka gaaleetti ijaaraman irratti yemmuu galu, fufii {-tii} maxxanfata. Unkaaleen loogicha keessatti maayiiwwan abbummaafi fayyadamummaa agarsiisan gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatanii jiru.

:

Daaluu A. fi Kb

[6]

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

Unka Bu'uura	Abbummaa	Fakkeenya	Fayyadamummaa	Fakkeenya
fārdā	-aa	kooraa fārdāa	-āa	Ati marga fārdāa kenni.
sāngāa	-’aa	gaafa sanga’āa	-’āa	Ati marga sāngā’āa kenni.
lōon	-ii	marga lōonīi	-īi	Marga lōonīi kenni.
kōorāa fārdāa	---	---	-tīi	Ati uffata kōorāa fārdāatīi kaa’i.

Loogicha keessatti maqaaleen dubbachiiftuu sagalee gabaabaatiin xumuraman maayii abbummaafi fayyadamummaa agarsiisuuf fufii {-aa} kan maxxanfatan yemmuu ta’u, maqaaleen dubbachiiftuu sagalee dheeraa qabuun xumuraman immoo maayii abbummaafi fayyadamummaa agarsiisuuf fufii {-’aa} yookaan dubbifamaa |’| (hudhaa) irratti dubbachiiftuu sagalee dheeraa dabalatu. Tajaajila maayii abbummaa keessatti maqaan latichi irratti maxxane bifa kan maayii fayyadamummaa irraa faallaa ta’een, maqaa isa dura jiru wajjiin akka gaaleetti kan ijaarameedha. Maayiin abbummaa fuficha irratti dhissaga ol ka’aa kan fudhatu ta’uu isaatiin maayii fayyadamummaa irraa adda ta’a (fakkeenya [7] armaan gadii ilaalaa). Gaalee maqaa maayii abbummaa maxxanfate irratti fufiin maayii fayyadamummaa {-tii} dha. Tilahun (2018, f. 156) looga Oromoo Arsii keessatti fufiileen maayii fayyadamummaa maqaalee *barsiisaa*, *sareefi re’ee* jedhamanii – *f*, *-dhafi* –*tii* akka ta’an adda ibsee jira.

[7]

(a) Maayii abbummaa (b) Maayii fayyadamummaa

fārdā → fārdāa fārdā → fārdāa
Kun [[okaa fardaa] ti]. Mucaan [okaa [fardaa]
kenne].

4.4. Maayii Bakka Ka’umsaa

Latiilee maqaalee bakkaa irratti maayii maqaa agarsiisan keessaa tokko maayii bakka ka’umsaati. Maayiin kun bakki tokko kan irraa adeemamaa jiru ta’uu agarsiisuuf unka maqaalee irratti mul’atuudha. Looga Oromoo Arsii keessatti latiin maayii bakka ka’umsaa (*source marker*) agarsiisu bifa sadiin mul’ata. Tokkoffaa, maqaaleen dubbachiiftuu gabaabaadhaan yookaan dubbifamaadhaan xumuraman dubbachiiftuu sagalee dheeraa qabu dhuma maqichaa irratti dabalatu (*manaa* bahe, *mana keessaa* bahe, *bishaanii* baase). Asirratti, gaalee durduubee *mana keessa* jedhamu keessatti durduubeen *keessa* jedhamu maayii bakka argamaa kan bakka bu’u yemmuu ta’u, dubbachiiftuu sagalee dheeraa *-TT* dabalachuudhaan gara maayii bakka ka’umsaatti jijjiiramee jira.

:

Daaluu A. fi Kb

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

Lammaffaa, maqaaleen dubbachiiftuu dheeraadhaan xumuraman maayii bakka ka'umsaa agarsiisuuf |'| (hudhaa) fi sagalee dheeraa (-'TT) dubbachiiftuu dhuma maqichaa irratti argamu sanaa (fkn. *finfinnee* → *finfinne'ee*) fudhatu. Maqaaleen dubbachiiftuu dheeraadhaan xumuraman yemmuu maayii bakka ka'umsaa dabalatan, adeemsa dhamsagaa sadi keessa darbu: Isaanis, 1) sagaleen dubbachiistuu birsaga dhuma ni gabaabbata; 2) dhamsaga kokkee cufamaa (') yookaan hudhaa ni fudhata;

3) sagalee dubbachiistuu isa dhuma birsaga maqichaa irratti argamu (sagalee dheeraa) ni dabalata.

Sadaffaa, gaaleen maqaa maayii abbummaa ofirraa qabu maayii abbummaa boodarraan fufii {-tii} dabalachuudhaan maayii bakka ka'umsaa agarsiisa. Fakkeenyawwan armaan gadii fufiilee maayii bakka ka'umsaa maqaalee unkaalee adda addaa qaban keessatti dhiyeessee jira.

[8]

Unka Bu'uuraa	BkKa	Jecha Horsiiifame	Fakkeenya
qilee	- 'ee	<i>qile'ee</i>	Inni <i>qile'ee</i> bahe.
mana	-aa	<i>manaa</i>	Inni <i>manaa</i> bahe.
bishaan	-ii	<i>bishaanii</i>	Bofti <i>bishaanii</i> bahe.

Gaalee maqaa maayii abbummaa abalateefi gaalee durduubee maqaafi durduubee irraa ijaarame irratti fufiin maayii bakka ka'umsaa jecha dhumarratti argamu irratti maxxana.

Haaluma kanaan, gaalee maayii abbummaa dabalate irratti fufiin maayii bakka ka'umsaa {-tii} yemmuu ta'u, durduubeen sagalee gabaabaa qabu immoo dubbachiiftuu sana dheereffata

[9]

Maqaa	+	Maqaa +	Abb	+	BkKa → Jecha Horsiiifame
<i>magaalaa</i>	+	<i>finfinnee</i> +	- 'ee	+	-tii → <i>magaalaa finfinne'etii</i>
<i>magaalaa</i>	+	<i>keessa</i> +	---	+	-aa → <i>magaalaa keessaa</i>

Haata'u malee, Teferi (2019, f. 87) maqaa *biyyarraa* jedhamu keessatti maayiin bakka ka'umsaa *irraa* kan jedhamu ta'uu ibsee jira. Akka yaada kanarraa hubatamutti

durduubeewwan *irraafi irra, jalaafi jala, keessaafi keessa* jedhaman jechoota adda addaati. Kana malees, gaalee *lagaa bahe* jedhamu keessatti dubbachiiftuun dhuma

:

Daaluu A. fi Kb

maqichaa irratti dheerate qaama lama irraa kan ijaarameedha ({-a}: dhamsaga qaama jechichaa irratti argamuufi {-a}: maayii bakka ka'umsaati). Haata'u malee, akka qorannoowwan afaanicharratti gaggeeffaman mul'isanitti (Teferi, 2019, f. 69-70, 81; Wakweya, 2024, f. 20, 39) afaanichaa keessatti dubbachiiftonni jirma jechaa irra jiraniifi akka maxxantuutti galan waljalaa haqamu (deletion) malee walitti dabalamanii sagalee dheeraa hin uuman (fkn. *magaala -ina magaallinna, magaala -at- magaallate*). Dabalataan, maqaaleen dubbifamaadhaan xumuraman hundinuu maayicha dubbachiiftuu dheeraadhaan (fkn. *bishaan-ii* → *bishaanii* baase) agarsiisuun isaanii fufichi of danda'ee sagalee dheeraadhaan kan tajaajilamu ta'uu mirkaneessa.

Teferi (2019, f. 88) maayiin bakka ka'umsaa {-rraa} fi {-a} akka ta'an fakkeenyawwan *kamiserraafi lagaa bahe* jedhaman fayyadamuudhaan ibsee jira. Haa ta'uu malee, durduubeewwan *'irra, jala, keessaafi bira* jedhaman yemmuu maqaalee booda galan, maayii bakka ka'umsaa agarsiisuuf dubbachiiftuu dhumarraa ni dheereffatu.

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

4.5. Maayii Bakka Gahumsaa

Latiin kun maqaa bakkaa irratti maxxanuudhaan bakki sun kan itti dhaqamu (kallattii itti adeemamu) ta'uu agarsiisa. Hawine (2007, f. 42) looga Oromoo Tuulamaa irratti xiyyeeffachuudhaan maayiin bakka gahumsaa maqaa dhuunfaa dubbachiiftuu gabaabaadhaan xumuramu irratti bifa latii dhokataatiin kan galu ta'uu (*[abdiin 'ambo deem-uu-saa]*) ibsitee jirti.

Looga Oromoo Arsii keessatti latiin maayii bakka gahumsaa unkaalee {-n}, {-tti}, *gara...-(')TT* fi bifa dhokataa ta'een ($\emptyset$) tajaajilama. Fakkeenyaaf, maqaan *roobe* jedhamu birsaga dhumaa irratti dubbachiiftuu sagalee gabaabaa qabuun waan xumurameef, fufii maayii bakka gahumsaa {-n} fi {gara...-TT} maxxanfatee jira. Maqaaleen birsaga cimaadhaan xumuraman maayii bakka gahumsaa bifa fufii naannee (*gara....-(')TT*) fi bifa latii dhokataatiin fudhatu. Kana malees, maqaaleen bakkaa hundinuu maayii bakka gahumsaa {-tti} kan dabalatan ta'uun adda bahee jira. Fakkeenyawwan armaan gadii unkaalee maayii bakka gahumsaafi akkaataa galumsa isaanii ni ifoomsu.

:

Daaluu A. fi Kb

[10]

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

Unka Bu'uura	BkGa	Jecha Horsii	Fakkeenya
qilee	<i>gara...-'ee</i>	<i>gara qile'ee</i>	Inni <i>gara qile'ee</i> fiige.
	<i>-tti</i>	<i>qile'etti</i>	Inni <i>qile'etti</i> bade.
	<i>Ø</i>	<i>qilee</i>	Inni <i>qilee</i> scene.
mana	<i>gara...-aa</i>	<i>gara manaa</i>	Inni <i>gara manaa</i> gale.
	<i>-tti</i>	<i>manatti</i>	Inni <i>manatti</i> gale.
	<i>Ø</i>	<i>mana</i>	Inni <i>mana</i> scene.
bishaan	<i>gara...-ii</i>	<i>gara bishaanii</i>	Inni <i>gara bishaanii</i> fiige.
	<i>-tti</i>	<i>bishaanitti</i>	Inni <i>bishaanitti</i> tare.
	<i>Ø</i>	<i>bishaan</i>	Inni <i>bishaan</i> scene.
roobe	<i>gara...-ee</i>	<i>gara roobee</i>	Inni <i>gara Roobee</i> deeme.
	<i>-n</i>	<i>roobeen</i>	Inni <i>Roobeen</i> deeme.
	<i>-tti</i>	<i>roobetti</i>	Inni <i>Roobetti</i> gale.
<i>finfinnee</i>	<i>gara...-'ee</i>	<i>gara finfinne'ee</i>	Inni <i>gara Finfinne'ee</i> gale.
	<i>-tti</i>	<i>finfinne'etti</i>	Inni <i>Finfinne'etti</i> gale.
	<i>Ø</i>	<i>finfinnee</i>	Inni <i>Finfinnee</i> scene.

4.6. Maayii Bakka Raawwii

Teferi (2019, f. 91) looga Raayyaa keessatti latiin maayii bakka argamaa unkaalee *'ittifi 'irra* jedhamaniin kan bakka buufaman ta'uu yemmuu ibsu, Wakweya (2014, f. 19) fi Tilahun (2018, f. 154) immoo wal duraaduubaan looga Oromoo Maccaafi Arsii keessatti latiin maayii bakka raawwii agarsiisu *{-tti}* ta'uu addeessanii jiru.

Latiin maayii bakka raawwii mul'isu akkuma Tilahun (2018) ibse fufii *{-tti}* yoo ta'u, innis maqaalee bakkaa yookaan durduubeewwan irratti maxxanee tajaajiluu danda'a.

Latiin maayii bakka raawwii kun maqaalee sagalee dubbachiiftuu dheeraadhaan xumuraman irratti yoo galu, dubbachiiftuu dheeraa ture ni gabaabsa (fkn. *finfinnee* + *-tti* → *finfinne'etti* / *finfinnee* keessatti). Haata'u malee, Tilahun (2018, f. 154) bifa ragaaleen Afaan Oromoo loogicha keessatti argaman agarsiisan irraa adda ta'een, maqaan dubbachiiftuu dheeraadhaan xumuramu (*'arsii*) yemmuu fufii maayii bakka raawwii *{-tti}* maxxanfatu *'arsiitti* jedhamee kan waamamu ta'uu addeessee jira. Fakkeenyawwan armaan gadii haala galumsa fufii maayii bakka raawwii (*-tti*) kan balballoomsuudha.

:

Daaluu A. fi Kb**Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64**

[11]

Unka Bu'uuraa	BkGa	Jecha Horsiifame	Fakkeenya
<i>mana</i>	<i>-tti</i>	<i>manatti</i>	Inni xalayaa <i>manatti</i> barreesse.
<i>mana keessa</i>	<i>-tti</i>	<i>mana keessatti</i>	Inni mana keessatti hidhame.
<i>finfinnee</i>	<i>-tti</i>	<i>finfinne'etti</i>	Isaan <i>Finfinne'etti</i> mari'atan.
<i>finfinnee jala</i>	<i>-tti</i>	<i>finfinnee jalatti</i>	Gandichi Finfinnee jalatti waamama.

Gaalee maqaa maayii abbummaa ofirratti dabalate irratti fufiin maayii bakka raawwii qunnamsiiftuu {-ti} of dursiisuudhaan boodarra gala.

Maqaa + Maqaa + Abb + BkGa → Jecha Horsiifame
magaalaa + finfinnee + -'ee + -tti → magaalaa finfinneetitti

4.7. Maayii Yeroo Raawwii

Afaanicha keessatti latiin maayii maqaalee jechoota garee maqaa yeroo yookaan waytii agarsiisan irratti ni tajaajilama. Unkan latii maayii maqaalee yeroo agarsiisu {-n} dha. Maqaaleen fufii maayii yeroo maxxanfatan kunniin moggaasa maqaalee yeroowwan guyyaa tokko (sa'aatii 24) keessatti argamaniiti. Fakkeenyawwan armaan gaditti dhiyaatan yaadicha caalatti ni balballoomsu.

:

Daaluu A. fi Kb

[12]

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

Unka Bu'uura	Maayii Yeroo	Maqaa Horsiifame	Fakkeenya
a) ganama	{-n}	ganamaan	Ganamaan bahi!
b) halkan	{-n}	halkaniin	Halkaniin hin deemin!
c) guyyaa	{-n}	guyya'aan	Boruun guyya'aan rafa.

Akkuma fakkeenyawwan [12a-c] armaan olii keessatti dhiyaate maqaaleen *ganama*, *halkaniifi guyyaa* jedhaman fufii maayii yeroo raawwii {-n} maxxanfatanii jiru. Maqaaleen kunniin yemmuu fuficha dabalatanii horsiifaman dubbachiiftuu sagalee dheeraa qabu (-TT) yookaan hudhaafi dubbachiiftuu sagalee dheeraa (-'TT) qabu akka qunnamsiiftuutti maayicha dursanii maxxanfatanii jiru.

Maqaaleen *halkan*, *ganamaafi guyyaa* jedhaman wal duraaduubaan dubbifamaa qeentee, dubbachiiftuu gabaabaafi dubbachiiftuu dheeraadhaan kan xumuraman waan ta'aniif, tartiibuma sanaan qunnamsiistota {-ii}, {-aa} fi {-'aa} wal duraaduubaan fufii maayii dursanii fudhatanii jiru. Maqaaleen latii maayii yeroo maxxanfatan kunniin maqaalee qoqqoodama yeroo sa'aatii digdamii afuriif (guyyaa tokkoof) kennamaniidha. Haata'uu malee, maqaaleen yeroo kanneen akka *kaleessa*, *dheengadda*, *'adhdha*, *boru*, *'iftaan*, *roobii* fi *jimaata* jedhaman latii maayii yeroo raawwii agarsiisu hinmaxxanfatan.

4.8. Maayii Meeshaa

Latiin maayii meeshaa maqaan tokko gocha tokko raawwachuuf akka meeshaatti tajaajiluu kan agarsiisuudha. Loogicha keessatti fufiin maayii meeshaa agarsiisuuf tajaajilu {-n} dha. Akkuma Stroomer (1995) looga Oromoo Booranaa keessatti ibse, afaanichi yemmuu fufii maayii meeshaa maxxan qunnamsiiftuu (linker) ni dabalata. Fakkeenya 13 maqaalee caasaa adda addaa qabaniifi adeemsa fufiin maayii meeshaa ittiin galu kan agarsiisuudha.

[13]

Maqaa	Qunnamsiiftuu	Maayii Meeshaa	Maqaa Horsiifame
miila	-aa	-n	miilaan
'ilkaan	-ii	-n	'ilkaaniin
qottoo	-'oo	-n	qotto'oon
muka qotto'oo	-tii	-n	muka qotto'ootiin

Akkuma fakkeenya 13 armaan olii keessatti hubachuun danda'amu, maqaaleen fufii maayii meeshaa {-n} maxxanfachuun duratti qunnamsiiftota seerluga eegsisuudhaaf oolan {-aa}, {-ii}, {-oo} fi {-tii} dabalatanii jiru. Haaluma kanaan, maqaaleen dubbachiiftuu gabaabaa qabuun xumuramaniifi dubbifamaadhaan xumuraman fufii maayii meeshaa (-n) dabalachuun duratti dubbachiiftuu dheeraa kan dabalatan yoo ta'u, maqaaleen dubbachiiftuu dheeraadhaan xumuramaniifi gaaleen maqaa fufii maayii abbummaa dabalatan wal duraaduubaan qunnamsiiftota -'TTfi {-tii} maxxanfatanii jiru. Kanaaf, gaaleen muka qotto'ootiin jedhamu wal duraaduubaan latiilee maayii abbummaa, qunnamsiiftuufi maayii meeshaa walfaana maxxanfatee jira. Haata'u malee, Wakweya (2014, f. 32) fufii {-tii} gochima qunnamsiiftuu (copula) jechuudhaan yemmuu ibsu, Teferi (2019, f. 90)

fuficha gochima qunnamsiiftuu (-ti) fi maayii abbummaa jedhee bakka lamatti addaan baasee jira.

4.9. Maayii Waamsaa

Afaan Oromoo (looga Arsii) keessatti latiileen maayii waamsaatiif oolan *nanaafi -oo* yemmuu ta'an, himoota maqaalee dhala namaa ta'aniifi amala dhala namaa uffatan of keessatti hammatan iddoo matimaatti galchuudhaan itti haasa'uudhaaf tajaajilu. Fakkeenyawwan armaan gadii yaadicha ni ifoomsu.

[14]

Unka Bu'uura	Maayii Waamsaa	Maqaa Horsiifame
'intala	nana/-oo	'intala nana/ 'intaloo
'eessuma	-oo	'eessumoo
loon	nana	loonnana
waaqa	nana	waaqnana (waandhana ⁶)

⁶ *waandhana* kan jedhu adeemsa waljafuutiin *waaqnana* kan jedhu irraa dhufe. Innis, dhootuufi funyeetu waljala jijjiirame (Tilahun, 2018, f. 101).

:

Daaluu A. fi Kb

Maqaaleen maayii waamsaa {-oo} maxxanfatan maqaalee dhala namaati. Latiin *nana* jedhamu himoota gargaarsa gaafachuuf, ajaja kennuuf, galateeffachuufi gaaffii gaafachuuf tajaajilan keessatti maqaalee iddoo matimaa galan waamuufi xiyyeeffannaa itti kennuuf gargaara. Latichi maqaalee dubbachiiftuu sagalee dheeraafi dubbifamaa (-n)dhaan xumuraman irratti yemmuu galu, amala dubbifamaa isa jalqabaa jabeeffachuu calaqqisiisa (fkn. *gurbaa* + *nana* → *gurbaannana*, *loon* + *nana* → *loonnana*). Maqaaleen dubbachiiftuu sagalee gabaabaa qabuun xumuraman laticha akkuma jirutti guutuu isaa yookaan birsaga tokko irraa haquudhaan maxxanfatu (fkn. *karaa*+*nana* → *karaannana*, **karaana*; *jaarsa*+*nana* → *jaarsana*, *jaarsa nana*). Haata'u malee, maqaalee dubbachiiftuu sagalee gabaabaa qaban keessaa kanneen akkamiitu unkicha akka jirutti kan fayyadamaniifi kanneen akkamiitu akka birsaga tokko haqan seera fulla'aa (*productive form*) kaa'uun rakkisaadha.

5. Goolaba

Qorannoon kun unkaaleefi tajaajilawwan maayii maqaa Afaan Oromoo qaaccessuu irratti kan xiyyeeffateedha. Haaluma kanaan, maqaaleen afaanichaa maayiiwwan akaakuu adda addaa fudhachuu kan danda'u ta'uun adda bahee jira. Isaanis matima, antima, meeshaa, abbummaa, fayyadamummaa, waamsa, yeroo raawwiifi bakka ka'umsaa, bakka gahumsaafi

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

bakka raawwiiti. Afaan Oromoo (looga Arsii) keessatti maqaaleen nama dhuunfaa dubbachiiftuu sagalee gabaabaatiin xumuraman maayii matimaatiif latii dhokataa (Ø) kan fayyadaman yemmuu ta'an, faallaa kanaan immoo fufii maayii antimaa {-n} kan maxxanfatan ta'uun adda bahee jira. Kana malees, maqaaleen dhuunfaa dubbachiiftuu gabaabaafi dubbifamaadhaan xumuraman (fkn. *Roobe*, *Dodola*, *Nageelleefi* Gindhiir) maayii bakka gahumsaa agarsiisuuf {-n} dabalatu. Kunis, akkuma yaaxxinni bu'uura xiinqooqaa (Dixon, 2010, f. 9) addeessu, seera caasaa afaan tokkoo murteessuuf ragaaleen qabatamoon afaanicha keessatti argaman murteessoodha.

Fufiin maayii matimaa {-ti}n akaakuu maqaalee, baay'ina birsagootaafi akaakuu dubbifamtootaa dhuma maqaalee irratti argamanii bu'uura taasifachuudhaan tajaajilama. Fufii {-n}n akaakuufi iddoo galumsa maqaalee irratti hundaa'uudhaan maayiiwwan matimaa, antimaa, yeroo raawwii, bakka gahumsaafi meeshaatiif tajaajiluu kan danda'u ta'uun xiinxalamee jira. Bifuma wal fakkaatuun, maayiiwwan abbummaa, fayyadamummaafi bakka ka'umsaa dubbachiiftuu dhuma dheereffachuudhaan kan agarsiifamu akka ta'e adda bahee jira. Fufii {-n}n yemmuu maqaalee irratti maayiiwwan adda addaa agarsiisuuf tajaajilamu, qunnamsiiftuu (linker) dubbachiiftuu sagalee dheeraa yookaan hudhaafi

:

Daaluu A. fi Kb

dubbachiiftuu sagalee dheeraa of dursiisu (fkn. bishaan-*ii*-n, hark-*aa*-n, qotto-*'oo*-n). Walumaagalatti, maayiiwwan maqaalee Afaan Oromoo fufiilee adda addaatiin kan agarsiifaman ta'uun adda bahee jira. Kanaaf, maayiiwwan maqaalee xiinxaluun unkaalee maayiiwwanii adda baasuuf qofa osoo hin taane garee jechootaa maqaalee jalatti hammadaman adda baasuudhaafis waan gargaaruuf, loogawwan afaanichaa biroo keessattis gad fageenyaan osoo xiinxalamee gaarii ta'a.

Wabiilee

Baye Yimam. (1986). *The phrase structures of Ethiopian Oromo*, PhD Dissertation, SOAS, University of London.

Blake, J. (2004). *Case* (Second Edition). Cambridge University Press: United Kingdom.

Chambers J. K. And Trudgill P. (2004). *Dialectology (2nd Ed)* Uk. Cambridge University Press.

Curzan, A., & Adams, M. (2006). *How English works: A linguistic introduction*. New York: Pearson.

Dixon, R. M. W. (2010). *Basic linguistic theory (Vol. II)*. Oxford: Oxford University Press.

Dryer, M. (2006). Descriptive, explanatory theories, and basic linguistic theory. In Felix Ameka, Alan Dench, and Nicholas Evans (eds.), *Catching Language: The*

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

standing challenge of grammar writing, 207-234. Berlin: Mouton de Gruyter.

Feda Negessa. (2015). *Classification of Oromo dialects: A computational approach*. *International Journal of Computational Linguistics (IJCL)*. 6(1), (1-10).

Fromkin, V., Rodman, R. & Hyams, N. (2003). *An introduction to language* (9th ed.). Wadsworth, Cengage Learning.

Gragg B. (1976). *Oromo of Wellegga*. In M.L. Bender (ed.), *The Non-Semitic languages of Ethiopia*, 166-195. East Lansing, MI: African Studies Center, Michigan State University.

Hawine Alemayehu. (2007). *The Structures of Nominal Clauses in Afan Oromo: A Minimalist Approach*. Addis Ababa, Ethiopia (Unpublished).

Katamba F. (1993). *Morphology* (2nd ed.). London: Macmillan.

Kedir Abda. (2019). The Analysis of Morphological Properties of Arsi-Bale Word Classes with Special Reference to Arsi-Bale Noun Morphology (Unpublished). *Journal of Emerging Technologies and Innovative Research (JETIR)* January 2019, Volume 6, Issue 1.

Owens, J. (1985). *A grammar of Harar Oromo*. Hamburg: Buskee.

Shimelis Mezengia. (2014). *Nominalization via verbal derivation Amharic, Tigrinya and Oromo (A contrastive study)* (Unpublished

:

Daaluu A. fi Kb

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 42-64

- PhD thesis), Addis Ababa University, Addis Ababa, Ethiopia.
- Solani M. (2021). *The Prosody of Harar Oromo Nouns*. Jurnal Arbtrr - Vol. 8 No. 2. King Abdulaziz University, Saudi Arabia.
- Tesfaye Gudeta. (2015). *Typology of Oromo Personal Names; International Journal of Sciences, 19 (2), (17-34)*
- Stroomer, H. (1995). *A Grammar of Boraana Oromo* (Kenya). Cologne: Rüdiger Köppe Verlag.
- Temesgen Negasa. (1993). *Word formation in Oromo*, (Unpublished MA thesis) Addis Ababa University, Addis Ababa, Ethiopia.
- Teferi Kumsa. (2019). *A Grammar of Raya Afaan Oromoo: Documentation and Description* (Unpublished PhD Dissertation). Addis Ababa University.
- Tilahun Negash. (2018). *Some Aspects of Morphophonemic Phenomena in Arsi-Bale Afan Oromo: the Perspective of Non-linear Phonology*. Addis Ababa University: Addis Ababa, Ethiopia.
- Wakweya Olani. (2014). *Inflectional morphology in Oromo*. Addis Ababa University: Addis Ababa, Ethiopia.